READ Actiin Maaliidha?

READ Actiin seera Koloraadoo barattooni hundi dubbisa sadarkaa 3ffaa sadarkaa irratti yookaan immoo sadarkaa olitti akka xumuraniif qajeelfama kan qopheessuu dha. Barattoota kanneen gita sadarkaatti akka dubbisaniif tumsa qajeelfama dabalataa barabbadan adda baafachuudhaaf manneetii barumsaa kan gargaaruu dha.

"Sirriiti sadarkaa Kutaa gadiitti dubbisuu" jechuun maaliidha?

Kana jechuun barataan/barattuun kutaa keessa jiru gaditti waggaa tokko yookaan isaa ol dubbisa. Dhuma mana barumsaa irratti sadarkaa kutaatti dubbisuun milkaa'ummaa barumsa isa dhufuutiif barbaachisaa akka ta'e qorannoon ni mul'isa.

Karoorri READ MAAL?

Karoorri READ barattoota Olmaa-daa'immaniiti amma kutaa 3ffaa tti sadarakaa kutaa gaditti dubbisatti sirriitti raawwii argamsiisuun karoora hirmaannaa nama dhuunfaa ti. Karoorichi hanga barattootni dubbisatti ga'umsa sadarkaa kutaa ga'anitti itti fufa.

Karoorri DUBBISAA kan qophaa'e mucaan keessan yeroo guddatu akka nama dubbisaaf:

- ***Galma dubbisaa addaa ta'e qabu***
- ***Deggersa qajeelfama mana barumsaa***
- ***Deggersa Mana biraa***

Aurora Public Schools

Manneetii Barumsaa Uummataa Aurora
Kutaa Dubbisatti Wal-qixxummaa
(Division of Equity in Learning)
15001 E 1st Ave.
Aurora, Colorado 80011

READ Act:

Odeeffannoo Maatiif

Milkaa'ummaa dubbisa barataa mirkaneessuudhaaf mana barumsaa fi maatii waliin hojjechiisuu

Odeeffannoo maaliitu caalaa barbaachisaadha?

Manneetiin barnootaa uummataa Our goal in Aurora ijoolleen hundi barumsa adarkaa lammaffaa xumuruudhaan barumsa itti aanuuf yookaan immoo hojiif akka qophaa'an taasisuudha. Barattoota kanaaf qopheessuun immoo akkuma isaan mana barumsaa eegalanii kaasee eegala.

Qorannoo

Sadarkaa dubbisaa tokkoo tokkoo ijoollee murteessuudhaaf barsiisaan mucaa keessanii Qorannoo Guddina Dubbisaa (Developmental Reading Assessment)(DRA2) kanatti gargaarama.

Odeeffannoon Qorannoo kanaa mucaan keessan sadarkaa kutaa gaditti sirriitti akka dubbisu/dubbistu argisiisa.

Yoo mucaan keessan barataa Afaan Ingliffaa ta'eef, odeeffannoo guddina dubbisa Afaan Ingliffaa mucaa keessanii ibsu sadarkaa qorannoo afaanii (ACCESS) ibsaa. Warra Afaan Ingliffaa barataniif sadarkaan dubbisaa fi Sadarkaa Guddina Afaanii Karoora DUBBISAAti

Karoorri Read dubbisa irratti guddina mucaa keessanii dhuunfaatti tumsuudhaaf qophaa'e.

Tumsa Mana barumsaa

Galma karoora DUBBISA mucaa keessanii bira ga'uudhaaf Wixinee fi akkamitti akka hirmaatan taasisuudhaaf bariisotni ijoollee keessanii fi hojjetootni mana barumsaa warreen biroonis waliin hojjetu.

Waa'ee callisaniima itti hirmaachuu miti. Gareen qajeelfamni kutaa karaa ittiin barattoota hunda bira ga'u ni barbaada.

Tumsa Manaa

Barattootni kan dubbisatti, barreessuu, fi quunnamtiitti kan milkaa'an, akka ta'aniif namoonni ga'eeyyiin mana jiran qaama murteessuu dha.

Karoora DUBBISAA uumuudhhaa fi raawwachuudhaaf barsiisota mucaa keessan waliin walitti dabalamaa.

Waa'ee keessa turutiif Konfiraansii fi Maree dhuma waggaa

Tokkoon tokkoo barattootaa karoora ilaaluudhaa fi waggaa dhufuuf karoorsuudhaaf waliin hojjechuudhaaf dhuma waggaa irratti Karoora DUBBISAA waliin konfiraansii ni qabaatu.

Yeroo konfiraansichaa, waa'ee fedhii mucaan keessan addaan qabu waliin walitti dhufu barsiisotni mucaa keessanii filannoo jiru isiniif qoodu.

Ijoolleen muraasni qabachuudhaaf waggaa tokkoo ol ni barbaadu. Keessa turuun filannoo akka ta'e seerichi ni ibsa, garuu hirmaannaa fi deggersi hedduun ni jira. Haalota hedduu keessatti sadarkaa kutaa keessa deebi'uun furmaata akka hin taane qorannoon ni argisiisa.

Warra Afaan Ingliffaa Barataniif (ELLs): Warra afaanii barataniif kan inni murtaa'u tumsa barsiisota warra barumsa Afaaniin muuxannoo ga'aa qabaniin murtaa'a. Seerri biyya Koloraadoo barattoota warra Ingliffa akka afaan lammaaffaatti yookaan afaan biraatti guddifachuudhaaf toora irra jiraniif keessatti afuu hin iyyamu.

Attamittan mucaa koo manatti gargaaruu danda'a?

Yaadonni muraasni kunooti. Tarii barsiisaan mucaa keessanis yaada isiniif ni hira.

Mana barumsaatti milkaa'aa ta'uun barbaachisaa akka ta'e Mucaan keessan akka baru taasisi.

Mucaan keessan guyyaa hunda mana barumsaa akka dhufu mirkaneeffa dhaa.

Mana keetti afaanichaan Dhaga'i, dubbadhu, barreessi. Oogummaa kana mana kee keessatti guddifachuun yaadaa fi dubbisa mucaa keetii ni tumsa.

Haasaan barbaachisaadha. Kan haasa'amu:

- Oolmaa mana barumsaa isaanii
- Kitaaba isaan dubbisan
- Muuxannoo waliin hirmaattan
- Seenaa maatii/seenaa wal fakkaataa

Mucaa keef, waliin guyya guyyaatti dubbisi.

- Kitaaba isaan itti gammadan dubbisi.
- Teeppii irraa/CD, Kompuutera yookaan bareeffama kitaaba hin ta'in dhaggeeffadhu.
- Waa'ee waan isaan dubbisanii dubbadhu. Maaltu ta'e? Maal baratan?

Yeroo mara mucaa kee waliin **barreessi**. Yaadichi kan of keessatti qabatu: Xalayaa maatiif, hiriyyootaaf, barreeffama suuqii irraa ittiin bitatan, seenaawwan garaa garaa.

Oogummaa jechootaa shaakali. Adda baasuudhaaf qubeewwan magineettii, toora ABC, qubee guddaa fi xiqqaa walitti firoomsuu, jechoota xixiqqaa uumuu, fi maqaawwan maatii.